

WIC GORSA AKKAATAA FAYYADAMA FAAYIDAA MIDHAAN GUUTUU KEESSAN


- Amma filannoowwan midhaan guutuu guddina paakeejii baay'ee filachuu dandeessu.
- Faayidaa midhaan guutuu keessan guutuu fayyadamuun karoora dabalataa tokko tokko gaafachuu mala.
- Midhaan guutuu kam akka bitattan karoorfachuuf qajeelfama kana fayyadamaatii bittaa salphaa taasisaa!

GORSA 1

 Filannoowwan midhaan
guutuu jaalattan 2
YKN 3 kan WIC-dhan
mirkanaa'e filadhaa.

- Filannoowwan midhaan guutuu qorachuuf Qajeelfama Bittaa WIC fayyadamaa.
- Tarreeffama filannoowwan midhaan guutuu fi guddina paakeejii bebbeekkamoo argachuuf dugda barruulee kanaa fayyadamaa.
- Filannoowwan midhaan guutuu tokko mirkananuu isaa ilaaluf, aappii WICShopper keessatti kolbaa "Scan Barcode (Baarkoodii kaasaa)" jedhu fayyadamaa.

GORSA 2



Guddina paakeejii
midhaan guutuu
filattanii
ILAALAA.

- Tokkoon tokkoon hirmaattota WIC ji'atti midhaan guutuu 16 ykn 32 oz argatu.
- Faayidaa keessan irraa bu'aa olaanaa argachuuf guddina paakeejii hanga 16 ykn 32 oz tti ida'amu filadhaa.

GORSA 3

 FAAYIDAA
guddaa keessan
argadhaa!

 Filannoowwan midhaan guutuu keessan
walitti makuudhaan walsimsiisaa
 Hamma faayidaa guutuu keessanii walitti
dabalaman filadhaa.

Faayidaa midhaan guutuu
16 oz keessan irraa bu'aa
olaanaa argachuuf:

- Filannoowwan midhaan guutuu 16 oz ta'u tokko bitadhaa (fakkeenyaf, sanduuqa paastaa oz 16 tokko ykn korjoo tortillas tokko).

Yaadachiisa: Filannoowwan midhaan guutuu 12 ykn 14 oz bituun (fakkeenyaf, korjoo ruuzii magaala 14 oz ykn korjoo 12 oz. hamburger buns) faayidaa midhaan guutuu osoo hin fayyadamin hafu isiniif dhiisa.

Fakkeenyonni muraasni
faayidaa midhaan guutuu 32
oz keessan irraa akkamitti
akka bu'aa olaanaa argattan
agarsiisan kunooti:

- Filannoowwan midhaan guutuu 32 oz (fakkeenyaf, ruuzii korjoo 32 oz tokko) bitadhaa.
- Filannoowwan midhaan guutuu 16 oz lama (fakkeenyaf, sanduuqa paastaa 16 oz tokko fi daabboo abbaa 16 oz tokko) bitadhaa

FAKKEENYA A

MENNA MIDHAAN GUUTUU OZ 16 QABDI.
MENNA FILANNOO MIDHAAN GUUTUU KAN
FAAYIDAA ISHEE 16 OZ HUNDA FAYYADAMU ARGATTI.

GORSA 1 Menna ruuzii magaala, qamadii guutuu hamburger buns, fi boqolloo tortillas fayyadamtee bilcheessuu jaallatti.

GORSA 2 Appii WICShopper irratti ruuzii magaala korjoo 14 oz, hamburger buns 12 oz, ykn boqolloo tortillas 16 oz bitachuu akka dandeessu argiti.

GORSA 3 Yeroo kana, Meena korjoo boqolloo tortillas 16 oz bitachuu filatti.

Meena faayidaa ishee hunda kan fayyadamu ta'u isheetti gammaddeetti.

faayidaa midhaan guutuu 16 oz – boqolloo tortilla 16 oz

= 0 oz kan hin fayyadamne



FAKKEENYA B

MARTA MIDHAAN GUUTUU 32 OZ QABDI.
MARTA FILANNOO MIDHAAN GUUTUU KAN
ISHEEN BAAY'EE JAALATTUU FI FAAYIDAAN
OSOO HIN FAYYADAMIN IRRAA HAFULLEE
RAKKOO HIN QABU JETTU ARGATTI.

GORSA 1 Marta daabboo qamadii guutuu nyaachuu jaallatti.

GORSA 2 Daabbon qamadii guutuu isheen jaallattu paakeejii 24 oz ta'een akka dhufu argiti. Kana jechuun daabbicha yoo bitatte, faayidaa midhaan guutuu osoo hin fayyadamin irraa hafu 8 oz ta'u qabaachuu mali.

GORSA 3 Yeroo kana, Marta daabboo qamadii guutuu bitachuu filatti.

Marta faayidaan ishee muraasatti akka hin fayyadamanne beekti garuu daabboo jaallattu bitachuu isheetti gammaddeetti.

faayidaa midhaan guutuu 32 oz – daabboo qamadii guutuu 24 oz

= 8 oz kan faayidaarra hin oolle



Hamma Paakejii Midhaan

Guutuu Beekamoo

GOSA MIDHAANII	HAMMA PAAKEEJII BAAY'EE BEEKAMOO:	HAMMA PAAKEEJII BAAY'EE HIN BEEKAMNE:
Daabboo	oz 24	16 oz, 18 oz, 20 oz, 21 oz, 22 oz, 26 oz, 27 oz
Daabboo Bargaarii	12 oz, 14 oz	16 oz, 18.5 oz, 21 oz
Daabboo Haatdogii	16 oz	oz 24
Ajjaa	16 oz, 24 oz, 42 oz	18 oz, 25 oz, 28 oz
Ruuzii Daalacha	14 oz, 16 oz, 32 oz	42 oz
Qixaa	16 oz	9 oz, 10.84 oz, 12.6 oz, 25 oz, 37.5 oz
Paastaa	16 oz	